Barsiso 20

1. Ato abbaboti teena Waaqa didele, Waaqa mala ufi ka Baasani ergu ya lakise?
-Iyyo.

2. Maro abbabota teena hedduuni Waaqa didefi, Waaqi eenu fohate aka kara isaatini Baasa ergu?
-Abramu.

3. Wonti Waaqi Abramu fohatefi Abramu chubbu intolchini?
-Iyyo.

4. Abramuni aka chubbuni isa duisa malte dugefate.
-Abramuni aka Waaqi challani dandae isa baasu dugefate.
-Abramuni ka Waaqi Baasa ergu dugefate.

5. Abramuni Sarai fuud'e. Worri ijoolle hagami qaba?
-Tokoleeni.

6. Abramufi Sarai maafi ijoolle inqamne?
-Wonti akanatiifi Sarai maseena.

7. Wonti Waaqi Abramuni tolche jed'e maani?
-Waaqi Abramuni lafa ufi lakisi, ammalle fulla Waaqa iti erguuti deeme jed'eeni.

8. Waaqi qonqo ufiitini Abramuuni dubbate. Waaqi arra



akamini nu dubbata?
-Arra, Waaqi guddo kara Kitaaba isa, Bibilia nuuni dubbata.

9. Waaqi Abramu maani kakhate?
-Qara, Waaqi Abramu kakhate aka inni ilmaani guddo argatu ta gosa guddo taatu.
-Lameeso, Waaqi kakhate aka Inni Abramu eebisu.
-Saddeeso, Waaqi kakhate aka Inni nama Abramu eebisu eebisufi, ammalle abaaru nama Abramu abaaru.
-Afreeso, Waaqi kakhate aka nama chufa eebisu kaqa ilmaani Abramu tokooni.

10. Eenuti ilmaani Abramu, ta kara isaatini nama chufa eebisanifi?
-Baasa.

11. Baasani maani tolcha?
-Baasani dufeti jabeena chubbu dabsata.
-Baasani dufeti jabeena duisa dabsata.
-Baasani dufeti jabeena Shetana dabsata.
-Baasani dufeti Waaqa ammalle nama wolti deebisa

12. Abramuui kakhu Waaqa ya dugefate?
-Ehe.

13. Eegi Waaqi kakhu ufi Abramu kakhate, Abramuni maan tahe?
-Abramu lafa keesa tau keesa godaane, lafa Waaqi anini si garsisi jed'eeni deeme.

14. Waaqi Abramu eesati geese?
-Waaqi Abramu lafa hareeti Kanaani jed'aniti geese.

-Atini qabaata Luttuni eenu?

-Luttuni dubri Abramu ka Abramu woliini Kanaani daqani.

-Guyya toko, dibbi jiddu Lutuufi Abramu.

Uumama 13:5-7

5-Lutuleeni, ka Abramu woliini godaane, reefi loonifi worrale kama ufii qaba.
6-Tanaafi lafti sunni worra lachu wolti fuud'u dad'abde, waan worri hori guddo qabufi.
7-Duuba tissituuni Abrahamuutifi ta Lutu tikha irati woldidde. (Gaafasi worra Kanaanitiifi worri Perizi lafa suni keesa taa.)

-Dibii Abramuufi Luttu jiddu dufe maan?
-Abramuuni hooliyefi looni heddu qaba.

-Lutuleeni hooliyefi looni heddu qaba.

-Maro Lutuufi Abramuni hooliyefi looni heddu qabanafi, marri hori worra chufa wolti gahu injiru.

-Abramuni maan herege aka diba hobaasu?



Uumama 13:8-9

8-Jennaani Abramuuni waan Lutuuni jed'e, Nu fiit'a, wold'abu himmalle, yokhaani tissituuni teennaleeni woldidu himmalle.
9-Lafa ballo si dura jirtu tana agarta? Naraa godaani. Hojja atini gara bitaa godaante, anini gara mirgaa godaante anini gara bitaa godaana. Toko filad'u.

-Abramuuni aka isaafi Lutuuni gargari bahani herege.
-Abramuuni aka Lutuuni fulla tau fed'u filat'u herege.

-Yo Lutuni lafa dida fohate yoosi Abramuuni lafa gareeni fohate.

-Yo Lutuuni lafa gareeni fohate, yoosi Abramuuni lafa dida taha.

-Koota waan Lutuuni fohate somna.

Uumama 13:10-11

10-Lutuuni mirgaafi bitaa millate, gara galaana Yordani haga lafa Zoari ilaale, aka isiini bisaani dansa qabdu arge, akuma oobru AABBO Waaqa yokhaani lafa Misri. (Gaafasi gaafa AABBO Waaqi Sodomafi Gomora imballeesini).
11-Duuba Lutuuni arda Yordani filate gara ilaboru godaane; akasiini worri gargari bahe.

-Lutuuni lafa diida keesa tahiti fohate.

-Lutuuni maaf lafa diida keesa tahiti fohate?

-Wonti akanatifi marra gudda hooliyefi looni isa nyattani jira.

-Lutuuni waan marra challa herege.
-Lutuuni waan hooliyefi looni isaa heddu challa herege.
-Lutuuni waan durooma isaa challa herege.

-Lutuuni fohachiti hamtu fohate aka lafa dida keesa tau.

-Lutuuni maaf fohachiti hamtu fohate?

-Wonti akanatifi Lutuuni Waaqa dagayu dide.

-Kainiini Waaqa dagayu dide, ammalle oboleesa isaa ijeese, Habili.

-Dalooti Kainiile Waaqa dagayu dide.
-Dalooti Kaini chufti lola keesati duani.

-Yo nu Waaqa dagayu dinne, nuleeni indonna.

-Yo nu Waaqa dagayu dinne, nu Galaana Ibida Indumanne ta Waaqi Shetanafi Jinni isaati kurfesu danna.

-Hooliyeefi looni hedduni yokhaani durooma Galaana Ibida Indumanne jalaa nu imbaasa?



-Iyyo.

-Lutuuni Waaqa dagayu dide, lafa didati godaane.

Uumama 13:12-13

12-Abramuuni lafa Kanaaniti qubate, ammo Lutuuni dira bale ke jiru qubate, d'aatu Sodomati waaro d'aabate.
13-Ammo worri Sodoma ch'ubbicha hama, ka Waaqa durati daba tolchu.

-Lafa bale ke jiru keesa, diraa lama jira.

-Diraa kana lamaani maqaan Sodomafi Gomora.

-Nami Sodomafi Gomora Waaqa indugefanne.
-Nami Sodomafi Gomora worra ch'ubbicha hama.

-Waaqi ch'ubbu worra Sodomafi Gomora arge?
-Ehe.

-Nu waan herenu tokole dandene Waaqa indosina?
-Iyyo.

-Nu waan jennu tokole dandene Waaqa indosina?
-Iyyo.

-Waaqi Abramuuni maan jed'e eegi Lutuuni lafa baleti godaane?

Uumama 13:14-15 & 17

14-Eegi gargari bahani, AABBO Waaqi waan Abramuuni jed'e, Fulla jirtu tana mirgaafi bitaa gama ch'ufa ilaali.

15-Lafa ati agarte tana ch'ufa siifi ilmaani teeti kenna, haga jiru jireenna teesatni taati.

17-Kai, lafa tana haguma geetunu ke deemi, ilaalad'u, wonti akanatifi anini ch'ufa si kenna

-Waaqi Abramu lafa Kanaani ch'ufa si kenna jed'eeni.

-Tunini waan Waaqi Abramuuni jed'e:

Uumama 15:5-6

5-AABBO Waaqi isa alati baase waan jed'eeni, Me, gubbaa ilaali, yo dandeete urji tana ch'ufa hedi; ilmaani tante hagasi geeti.

6-Abramuuni AABBO Waaqa d'ugeefate, maro d'ugefacha isaatiifi AABBO Waaqi isa maache nama d'ugaati isa herege.

-Waaqi Abramuuni ilmaani tante aka urji heddu taati jed'eeni.

-Urji hagamiti jira?

-Haga nu dandene hennuniti.



-Atto Abramuuni ijoolle qabachu dibatele, Waaqi Abramu ilmaani heddu aka urji argata jedeeni.

-Atto Abramuuni ijoolle qabachu dibatele, Abramuuni Waaqa d'ugefate?
-Ehe.

-Abramuuni Waaqa d'ugefate aka guyya toko Waaqi ilma kennufi.

-Abramuuni ammalle ya d'ugefate aka ilmaani isaa toko Baasa Waaqi ergu ka nama baasu.

-Tunini ammalle waan Waaqi Abramuuni jed'e:

Uumama 15:13-16

13-AABBO Waaqi waan jed'eeni, Hubadu, ilmaani tante lafa imbeene keesati keessuma taate,tisse tolchan, haga ganna d'ibba afuri aka taka inargini gaargalchani.

14-Ammo anini gosa worra tissele tolchite wollaala iti mure gaargalcha; ilmaani tante, gaafa achii baatu, hori guddaani baati.

15-Atini ammo ganna heddu teete, gaafa dootu awaala dansa argata.

16-Eegi d'aalota ababoota tanteeti imaani tante lafa tanati deebiti, wonti akanatiifi anini gosa Amori lafa tana keesaa imbaasu, haga ch'ubbuuni worraa guddaate guyyaani ani worra gaargalchu gahuuti.

-Waaqi ammalle ilmaani Abramu lafa dibi daqani tahani, ammalle eegi ganna d'ibba afuri, Waaqi lafa Kanaaniti gadi deebisa jed'e.

-Waaqi akamini bekha waan ilmaani Abramu taha?

-Waaqi waan ch'ufa ka ilmaani Abramuuti taha imbekha atto worri ind'alatinu.

-Atini waan bori taha imbeeta?
-Iyyo.

-Atini waan jia gadufu imbeeta?
-Iyyo.

-Atini waan ganna gadufu imbeeta?
-Iyyo.

-Ammo Waaqi waan ch'ufa imbeekha.

-Waaqi waan bori nuti taha imbeekha.
-Waaqi waan jia gadufu nuti taha imbeekha.
-Waaqi waan ganna gadufu nuti taha imbeekha.

-Waaqa challati waan eegana taha beekha.

-Gaafa Abramuuni ganna sagaltami sagali, Waaqi ammalle Abramuuni dubbate.



Uumama 17:1-5

1-Ganni Abramu sagaltami sagali geennaani AABBO Waaqi isati mullate waan jed'eeni, Anini Waaqa Gudda, Na ch'aqasi, waan hamtu intolchini.
2-Anaafi sii wold'aqisa woliini tolfanne ilmaani heddu siii kenna.
3-Abramuuni Waaqqa dura gajed'e, Waaqi waan jed'eeni,
4-Anini wold'aqisa si woliini tolfad'e, abba gosa heddu taata.
5-Arraa achi maqaani kanke Abramuniti ammo Abrahamu siini jed'ani, wonti akanatifi anini ya abba gosa heddu si tolche.

-Waaqi Abramuuni dubbate,ammalle maqa hareesa kennefi.

-Maqaani hareesi Waaqi Abramu keene kami?
-Abrahamu.

-Waaqi maaf Abramu maqa hareesa kennefi?
-Wonti akanatifi Abramuuni ilmaani heddu argate.

-Waaqi ammalle Sarai maqa hareesa kennefi.

Uumama 17:15-16

15-Waaqi waan Abrahamuuni jed'e, Arraa achi niiti tante Sarai jette iyyamiini. Sara jed'e yaami.

16-Anini isii eebisa, aka isiini ilma sii d’altu. Anini isii eebise,isiini haad’a gosa heddu taate, ilmaani isiileeni ta gari hayyoota taati.

-Maqan hareesi Waaqi Sarai kenne kami?
-Sara.

-Waaqi maaf Sarai maqa hareesa kenne?

-Wonti akanatifi Saraini ijoolle heddu argati.

-Atto Sara maseenatifile, ammalle jartile, Waaqi Sara kakhate aka isiini ilma argatu.

-Koota insomna waan Abrahamuuni tahe gaafa Waaqi woi kakhatefi.

Uumama 17:17

17-Abrahamuuni Waaqa dura gajed’e, mame koble waan ufiiini jed’e, Isii, nami ganna d’iba toko gahe akami ilma d’ala? Saraleeni d’ugumati ganna sagaltamati ilme ind’alti?

-Abrahamuuni maaf koble?

-Abrahamuuni maro Waaqa indugefatinifi koble?
-Iyyo.



-Wonti Abrahamuuni koblefi ganna isaa d’ibba toko, ammalle Saran ganna sagaltama qabdi, ammalle Waaqa worra ilma kennafi jed’e.

-Waaqi dandae nama d’iira ka ganna d’ibba toko, ammalle maseena ganna sagaltama ka uwa ilma inkennafi?
-Ehe.

-Wonti Waaqa jabdu injirti?
-Iyyo.

-Eenuti nama d’iira ka qara uume?
-Waaqa.

-Eenuti nama uwa ka qara uume?
-Waaqa.

-Eenuti jireenna daima chufa kenna?
-Waaqa .

-Wonti Waaqi tolchu indandene injirti?
-Iyyo.

-Waaqi dandae ilma nama d’iira ka ganna d’ibba toko inkennafi, ammalle nama uwa ka ganna sagaltamale.